

# Mirga seeraa kee beeki



Oromo | Afaan Oromoo



# Yoo qabamte

GODHCHUU QABDA	Deebisa tolu
GODHCHUU QABDA	Maqaa, teessoo kee (fi yoo mana daldalaa hayaman hojjetu keessa jirta tahe umrii kee kennuufii).
GODHCHUU QABDA	Bakka buufata poolisii keessaa abbaa seeraa yookaan nama guddaa gaafatama qabu itti bilbiluuf gaafachuu dandeessa. (Yoo umriin kee 17 yookaan sanaa gadi tahe, bilbiluuf mirga ni qabda. Yoo umriin kee 18 yookaan sanaa ol tahe haala tokko tokko irratti hundaawee poolisiin hanga sa'aa afuriif si diduu danda'u).
GODHCHUU QABDA	Gaffii deebisuu hin barbaadne, hanga abbaa seeraa kee agartutti deebisuu akka hin qabne ibsii itti himi.
GODHCHUU QABDA	Harka fuudhaa yookaan wabii yaamuu (bail) gaafachuu (yoo hidhaa keessa turuuf jirta tahe).
GODHCHUU HIN QABDU	Afaan baduu (Be rude)
GODHCHUU HIN QABDU	Hidhamuu diduu
GODHCHUU HIN QABDU	Hanga abbaa seeraa kee waliin dubbattutti badii koo ti jedhtee hin amanin – yeroo fuula seeraatti dhihaattu Abookaattoo Seeraa (Duty Solicitor) si gargaaran gaafadhu. Akkasumas, yeroo sa'aa dalagaatti 6223 2500 irratti gara HCLS bilbiluu dandeessa.
YOO GAAFATAMTE	Yoo qorsa surrii hadoochu qabatee jirta tahe eessaa akka argatte itti himuu qabda.

# Yoo qabamte

Yoo hidhaa jala jiraachuu kee (under arrest) sitti himame malee gaaffii yookaan sababa kan biroof poolisii faana deemuu hin qabdu. Si afuufsisuu fi /yookaan qorsa yookaan daawaa si qorachuuf kan ajajamte yoo tahe SUN ADDA waan taheef waan ajajamte raawwachuu qabda. Yoo didde poolisiin si hidhuuf mirga ni qabu.

Yoo hidhaa jala jiraatte sitti himama. Yoo hidhaa jirtaa fi hin jirtuu kee hin beektu tahe qondaala poolisii gaafadhu.

Polisiin yoo si qaban gaaffii si gaafachuu qofaaf mirga itti qabu. Yoo hin barbaadne gaaffii isaanii deebisuu yookaan yaada kee kennuu hin qabdu. Yoo umriin kee 18 gadi tahee yaada kee polisiif kennuu barbaadde nama guddaa ofiif filatte (fakkeenyaaf abbaa seeraa, hojetaa dhimma dargaggoo yookaan warra kee) of biratti qabaachuu dandeessa.

Poolisiin yoo gadi si lakkisuu didanii si hidhan, hanga danda'ametti daddaffiidhaan gara seeraatti si dhiheessuu qabu.

YEROO HIDHAA KEESSA JIRTU KAARDII KANA ITTI HIN KENNIN

**Hobart Community Legal Service**

166 Macquarie Street  
Hobart Tasmania 7000  
Bilbila: (03) 6223 2500

**Hobart Community Legal Service**

Covehill Fair Shopping Centre  
Bridgewater Tasmania 7030  
Bilbila: (03) 6263 4755

**Migrant Resource Centre Tasmania**

Level 2, 1A Anfield St Glenorchy  
Tasmania 7010  
Bilbila: (03) 6221 0999